

EGAA YEROO KADHATTAN. . .

WWW.TENDAYSOFPRAAYER.ORG

GUY YAA 9^{F^{FAA}}—YAKKA KEENYA NUUF DHIISI NUS KAN NU YAKKANIIF AKKUMA DHIIFNU

"Namootaaf irra-daddarbaa isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif in dhiisa." Mat. 6:14

Natti Hindhagaa'amne

Isheen nama umurii dheeraa jiraatteefi yeroo dheeraatiifis waldaa koo keessatti jaarsolii waldaa taatee hojjechaa kan turteedha. Isheen amma Hospitaala keessa jirti. Yeroon ishee daawwadhetti, "Ani badee waanan jiruuf naaf hinkadhatin" naan jette. "Maaliif akkas jetta?" jedheen deebiseef. "Paaster cubbuu hojjeedheera. Yeroo dargaggummaa kootii cubbuu guddaan hojjedhee ture." "Waaqayyoon dhiifama gaafatteetaa?" "Eeyyee guyyaa hundumaan gaafaadha, garuu inni raawwatee naaf hindhiifne." "Akkamittiin beekte?" "Eeyyee, natti hindhagaa'amne" jette. Waliin haasaa keenya ittuma fufnee isheenis dhuma irratti nagaafi gammachuu argatte.

Dhiifamni akkamitti sitti dhagaa'amu danda'a? Qaama kee keessatti waan ho'aa ykn harakakee mirgaa irratti waan qorraatu sitti dhagaa'amaa? Ni urga'aa?

Macaafni Qulqulluun ifaadha. "Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaafi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa." 1Yoh. 1:9. Cubbuu xixxiqqoo qofa ykn cubbuu muraasa qofan dhiisaa hinjedhu. Cubbuu keenya yoo himanne HUNDUMA isaa akka dhiisu ifaatti dubbata. Haalli: Himachuu qabna. Waadaan: Waaqayyoo dhiifama ni godha. Ati ga'ee kee hojjedhu, Waaqayyoo immo ga'aa isaa ni hojjetaa.

Dhiifamni waanta sitti dhagaa'amu ykn saayinsiidhaan mirkaneessuu waanta dandeessu miti. Amantiidhaaniidha. Dubbii Waaqayyoo fudhattee, Waaqayyoo immoo akka hinsobne amanuudha. Ibsuu hindandeessu, siifis hinmalu, garuu waaqayyoo waan waadaa seeneef, waadaan isaa immoo amalaafi sagalee isaa irratti waan hundaa'eef, dhibbaa dhibba mirkana'aa akka ta'e beekta. Dubbii Waaqayyoo caalaa waanti amanamaan hinjiru.

Yeroodhuma cubbuukee himattu, batalumatti dhiifamni siif ta'eera. Yesuus gatii cubbuu keetii dursee fannoo irratti siif kafalleera. Inni "hoolaa Waaqayyoo isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhuudha" (Yoh. 1:29). Dhigni isaa ga'aadha, akkasumas dhiiga isaa keessaattis cubbuukee hundumaatiif furee qabaatta (Efe. 1:7).

Erga cuubbuu kee himattee booddee amantii si barbaachisa, waaqayyoo waanta abdachiise akka raawwatu amanuu filachuu qabda. "Abrahaam Waaqayyoon amanate, kunis qajeelummaatti lakkaa'ameef" jedha. "Rom. 4:3. Yaadadhu "Namni qajeelaan/tolaan amantiidhaan jiraata." Rom. 1:17. Bataluma ati amante waaqayyoo immoo hojjetaa, siif dhiifamas. Ibsuudhaaf hinyaalin ykn kan naaf maluudhas hinjedhin. "Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti," Efe. 2:8.

"Gocha salphaa waaqayyotti amanuu Kanaan, Hafuurri Qulqulluun garaa kee keessatti jireenyaa haraa uuma. Ati akka daa'ima maatii waaqaa keessatti dhalateeti, akkasumas akkuma ilma isaa jaallatu siinis si jaallata" (*Steps to Christ*, p. 52). Dhiifamni, Ayyaannifi, Fayyinni—isaan kun hundumtuu amantiidhaan akka kennaatti fudhatamu.

"Ati cubbamaadha. Cubbuu kee isa darbeef araara ofii gochuu hindandeessu; garaakee/onneekee jijjiirrattee qulqulla'aa of gochuu hindandeessu. Waaqayyoo garuu kana hunduma isaa karaa Kiristoos siif raawwachuutiif waadaa siif galeera ykn abdii siif kenneera. Abdii sana amanuu qabda. . . . Yoo abdii sana amanteef. . . . Waaqayyoo dhugaa jiruu ni fidaa. . . . guutuu ta'uun kee hanga sitti dhagaa'amutti hiineegin, garuu," nan amana; akkasuma ta'as, sababa natti dhagaa'ameef mitii, garuu sababa Waaqayyoo waadaa seeneef kennamee" jedhi. (*Steps to Christ*, p. 51).

Ija kee fannoo Yesuus irratti akkuma ol-fudhatteen, mul'ata jaalala isa adda ta'e sana: Yesuus isa uumaa, Isa waanta inni dubbate ta'u, Isa ergamootni fuula isaa duratti fuula isaanii golbboobbattan, Waaqa isa samiidhaa gad bu'eefi bifa nammummaa uffate argita. Isa qulqulluu cubbuu kee sirraa fuudhefi, isa siif du'e argita. Yesuus siif du'e.

Ija kee gara fannoo isaatti deebisi. Sannan booda warri ayyaana argatan arjjummaadhaan akka isaan qoodan, warri dhiifama argatan immoo akka isaan dhiisan hubattaa. "Bu'uuri dhiifama hundumaadhaa jaalala waaqayyoo isa nuuf hinmalle sana keessatti argama, garuu ilaalcha namoota warra kan birootiif qabaannuun jaalala sana kan keenya godhachuu keenya agarsiifna." (*Christ's Object Lessons*, p. 251).

Mee Waliin Hakadhannu

Yeroo kadhannaa (Daqiiqaa 30–45)

Gareen kadhataa hundumtuu haala garagaraa itti waliin kadhata qabu. Daqiiqaa 30-45 itti aanee jiru kana keessatti akkaataa hafuurri qulqulluun isin qajeelcheen kadhata tokkummaadhaan akka isin qabaattaniif isin jajjabeessina. Kadhannaan haasawaa gabaabaa (hima 1-3) qabu ni jajjabeeffama. Kun akka namootni heeddun yeroo heedduu kadhataaniif gargaara. Armaan gaditti fakkenyotni muraasi karaa mata duree caaffata qulqulla'aa, kadhannaan muraasi dhiyaataniiru. Akkasumas karaa heertuu kan biros kadhachuu ni dandeessuu, kadhata keessan keessattis mata dureewwan kan biroos hammachiisuu ni dandeessu. Yaada kadhanna argachhuuf qajeelfama geggeessaafi gaaffii kadhannaa waldaa addunyaawaa ilaalaa.

Sagalee Waqqayyootiin Kadhachuu

"Namootaaf irra-daddarbaa isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif in dhiisa." Mat. 6:14

Yoo Namootaaf Irraa Dadarbaa Isaan Dhiiftaniif

Abbaa, yeroo tokko tokko dhiifama gochuu akka hinbarbaane sitti himanna ykn qalbii keenya jijjiirranna. Hadhaa 'ummaafi aarii keenyattii nu hiiki. Garaa/onnee keenya nuuf jijjiirii, akkasumas ayyaanni kee karaa keenya namoota birootti akka darbu taasisi. Diinotni keenya michoota keenya akka ta'anitti isaan jijjiirii, tajaajila mootummaakeetiif goonu keessattis nu tokkummeessi.

Abbaan Keessan Inni Waaqa Irraas Irra Dadarbaa Keessan Isiniif Ni Dhiisa

Gooftaa kennaawwan garaagaraafi furii nuuf hinmalle nuuf kenniteef galatoomi. Yeroo tokko tokko dhiifamakee fudhachuudhaaf wallaansoo qabna, akkasumas tolakee argachuufis carraaqii goona. Dhiifamakee gammachuudhann fudhachuufi ayyaanakee kan birootiifis dabarsuu nu barsiisii.

Yaadota kadhannaa Dabalataa.

Galataafi Hooqubaa: Eebba isaa addaatiifi gaarummaa isaatiif galateeffadhaa.

Cubbuu Himachuu: Daqiiqaa muraasaa qalbii jijjiirrannaa dhuunfaatiif itti fayyadamaatii dhiifama isiniif gochuu isaatiif immoo waaqayyoon galateeffadhaa.

Qajeelfama: Qom-qabaa keessa jirtuufi murtoowwan garaa garaatiif waaqayyoon ogummaa kadhadhu.

Waldaa Keenya: Fedhii naannooleefi addunyaatiif kadhadhu, (waraqaa xiqqoo gaaffii kadhannaa qabu ilaali)

Gaaffii Naannoo: Waanta amantootaaf amma barbaachisuuf, maatiifi oollaaf kadhadhu.

Dhaggeeffadhuutii Deebii Kenni: sagalee deebii waaqayyoo dhaggeeffadhuutti yeroo fudhadhuutii galataafi faarfannadhaan deebisi.

Yaada Faarfannaa Dabalataa

Faarfanna Adv. Guyyaa 7^{ffaa}: Ayyaana dinqisiisaa (#108); Bu'aa ba'ii fannoo durii (#159); Furamuu (#337); Eebba mirkana'aa (#462)

Farru kan biroos: Ayyana isa guddaa; Jaalala akkamiiti; Waaqayyoo akkasitti biyya lafaa jaallate